Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yasuus Barsiisaa Guddicha

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: E. Frischbutter, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2022 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus
ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yasuus barsiisaa guddicha –
qixxee kan hin qabneedha.
Namooti danuun isa in
dhaggeeffatu.

Araara akka argattaniif qajeel-
totaa fi garraamota ta'a jedhee
Yasuus itti hime. Isaan biroon in
jibbuu, in madeessuu, Waaqayyo
garuu isaaniif in o'a qabeessa.

Yasuus waan baayyee isaan barsiise. Akkuma dungoon mana keessaa sabin Waaqayyoo ifa biyya lafaati jechuun itti hime. Waanti adda taasisu dungoon kan ifu kutaa dukkanni jiru qofa keessatti ta'uudha.

Qooda ijaa ija, qooda ilkaanii ilkaan haakennu jechuun namooti haaloo ba'uutti amanu, garuu Yasus garraamummaa, dhiifama diina illee hamma jaallachuutti.



Guyyaa Yasus, namooti tokko tokko namoota qulqulluu fakkaatanii mul'atu. Yeroo warra kadhtaniif saantima kennan, akka namooti biraa isaan arganitti of mul'isu.
"Kennaa kee dhokisaatti raawwadhu, Waaqayyo gatii hojii keetii siif laata," jedhe Yasus.

Haaluma walfakkaatuun akka kadhatan Yasus barsiise. Namootin tokko tokko daanii guddaa irratti namooti dhaga'anii kadhatu. Waa'ee waaqayyoo waan isaan dhibu hin qaban. Isa namootin biraan waa'ee isaanii dubbataniif bakka laatu. Yasus warra akkasii kana oftuultota fakkeessitoota - sobaa jedhee isaan waama.

Yeroo hundumaa Yasus barsiisa isaa umamatti fakkeessee barsiisa. Fakkeenyaaf, simbirrootatti quba qabee. "Abbaa isa Waaqa irraatu isaan soora" jedhee. "Kanaaf hindhiphatinaa. Waaqayyo bilisa isin in baasa."

“Sooressichi mootiin Solomoon illee isaan kana keessa hamma isa tokko akka hin uffatine” itti himuun Yasus itti fufe. “Waaqin malkaatti marga uffise isinitti uffata hin uffisuu?” Yasus Waaqayyo waan hundumaa namaaf guutuu akka danda’u sabin akkai amanuuf bariisuu itti fufe.

“Yeroo obboleessa keetti faraddu, akkuma huubi ija kee keessa utuu jiruu huuba ija isaa kee keessaa baasuuf yaaluti,” yeroo Yasuus jedhu utuu hiika isaa hin hubatin namooti in kolfan.

Namoti garagaarsa Waaqayyoon gaafachuu qabu jedhe Yasus. Abbaan lafarraa ilma isaa beela'eef buddeena gaafateef dhagaa kan kennu jiraaree?
Hi'iyyoo! Waan gaarii kennitu. Waaqayyos akkuma kana kan isa gaafateef waan gaarii kenna.

Bariisaa guddicha,Yasuus, waa'ee barsiisa sobaa akeekachiise. "Raroo hoolaa uffatanii isinitti dhufu," jedhe Yasus. "Keessi isaanii garuu yeeyyii butaniidha!" Barsiisota sobaa ija hojii isaaniitiin in beekitu.

Yasus dubbii dubbate keessatti, sabin sagalee dubbii Waaqayyoof abboomamu akka nama mana isaa dhagaa irratti ijaarratuuti bokkaan roobee, lolaan lola'e, qilleensi qilleensa'e mannisaa hin jiginetti fakkeessee dubbate.

Namin gowwaan garuu mana isaa lafa cirracha irratti ijaarrata. Yeroo bubbeen bubbissu, bokkaan roobee lolaan lo'ae manasaatti bu'an manichi in jiga sababiinsaa hundeensaa lafa cirracha irra waan ta'eef jedhe Yasus. Namootin dubbii sagalee Waaqayyoof hin abboomamne akkuma nama lafa ciracha irratti mana ijaarateeti.



Namooti baayyeen dubbii Yasus dubbate ajaa'ibsiifatan. Waan akka kanaa duraan dhaga'anii hin beekan. Dubbii sagalee Waaqayyo dhag'uu qofti ga'aa akka hin taane, yeroo hundumaa sagalichaaf abboomamuu akka qaban hubatan.

Yasuus Barsiisaa Guddicha

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatiyoos 5-7, Luqaas 6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16